# Qabxiilee of eeggannoo yeroo Wi-Fi ummataaf banaa ta’e fayyadamnu

## Namoonni hamoon yeroo sarara irra (online) jirtan sitti fayyadamuu danda’u. Yeroo Wi-Fi ummataaf banaa ta’e fayyadamtan qabxiilee of eeggannoo muraasaaf kan armaan gadii jiran dubbisaa.

Weerara dhukkuba vaayirasii Koronaa akkasumas cufamuu daldalaa fi manneen kitaabaan wal qabatee, baay’een keenya yeroo caalmaa sarara irratti (online) dabarsaa jirra. Sababa kanaaf, Interneetii seenuuf Wi-Fi ummataaf banaa ta’e fayyadamuu malla ta’a. Yoo Wi-Fi ummataaf banaa fayyadamuu barbaadda ta’e, adaraa gorsa Chief Privacy Officer biyyattii yaadaan qabi raga dhuunfaakee eeggachuuf akka si gargaarutti:

## 1. Cimdaa (Network) sirrii akka argatte mikaneessi.

Cimdaa sirrii ta’etti akka hidhatte mirkaneeffadhu. Namoonni hamoon cimdaa waan miidhaa geessisu hin fakkaanne haala maqaa isaaniin uumuu danda’u garuu dhugaadhumaan waanati interneetii irraa hojjettu ilaaluuf cimdaa dursanii qopheessanitti si qajeelchaa jiru. Kana jechuun yoo ati marsariitiitti ragaa ittiin dabartu yookiin jecha darbii (password) galchitu, buttoonni raga kee hatuu danda’u. Kana irraa of eeggachuuf, maqaa cimdichaa of eeggannoo guddaa dhaan dubbisi akkasumas yoo danda’ame, hojjetaa gaafadhu yookin cimdichi sirrii ta’uu mirkaneeffachuuf mallattoo daldalichaa ilaali.

Cimdaawwan beekamoon, kanneen akka daldala bunaa beekamoon, baay’ee hin shakkaman sababni isaas dhaabbatichi cimdaa sana akka tajaajila isaaniitti daldala isaanii waliin waan dhiyeessaniif. Waliigalatti, cimdaawwan beekamoon, Wi-Fi cimdaa bilisaa kan akka tasaa bakka ummataaf banaa ta’e irratti bilbila keenya irratti mul’atu caalaa nageenyi isaanii eegamaa dha.

## 2. Kan ofiin quunnamu cufi.

Meeshaalee baayyeen (bilbiloota ismaartii, laaptooppilee, fi taabileetonni) hojimaatawwan ofiin quunnamu qabu. Hojimaati kun meeshaankee cimdaawwan naannoo kee jiranitti karaa amansiisaa ta’een akka hidhattu siif eeyyamu. Cimdaawwan amanamoo waliin kuni rakkoo hin qabu, garuu meeshaalee kee cimdaawwan nageenya hin qabnettis hidhuu danda’u. Karaa

hojimaata meeshaa kee irra jiruu amala kana cufuu dandeessa. Hojimaatawwan kanneen cuufaa kaa'ii, keessumaayyuu yeroo bakka beekamaa hin taane deemtu. Akka of eeggannoo dabalataatti, erga Wi-Fi uummataaf banaa ta'e fayydamtee booda "forget network/cimdaa irraanfadhu" kan jedhu filuu dandeessa.

Yeroo bakka uummataaf banaa ta'e jirtu Bluetooth kees hordofuu qabda. Quunnamsiiftuun Bluetooth meeshaaleen garaagaraa akka wal quunnaman eeyyama, akkasumas buttoonni damablii Bluetooth banaa ta'e barbaaduu danda'u karaa itti meeshaa kee seenan argachuudhaaf. Raawwii kana bilbila keefi meeshaalee biro irraa cufi yeroo bakka hin beekne jirtu.

# 3. Qoodduu faayilaa cufi.

Filannoo qoodduu faayilaa akka cuftee jirtu mirkaneessi yeroo Wi-Fi ummataaf banaa ta'e fayyadamtu. Qoodduu faayilaa kan cufuu dandeessu sirna filannoo irraa yookiin paanelii to'attuu irraati, sirna hojii geggeessaa meeshaa kee irratti hundaa'uudhaani. AirDrop'n fakkeenya qoodduu faayilaa ati cufuu qabdudha. Hojii geggeessummaan muraasi kan akka Windows/PC filannoo "kan hawwaasaa (public)" filachuudhaan qoodduu faayilaa siif cufa cimdaa haaraa yeroo jalqabaaf yoo quunnamtu.

Adeemsota ittiin faayila qoodduu cuftu

**PC irratti:**

1. Gara Giddugaleessa Cimdaa fi Qoodduu(Network and Sharing Center) deemi.
2. Achiin hojimaatawwan qoodduu olaanaa(advanced sharing settings) jijjiiri.
3. Faayilaa fi maxxansituu (pirinter) cufi.

**Mac'iif:**

1. Gara Sirna Filannoo (System Preference) deemi.
2. Qoodduu (Choose Sharing) filadhu.
3. Hundayyuu akka hin filamne godhi (unselect).
4. Barbaaduu (Finder) itti aanu keessatti, AirDrop irratti cuqaasi, akkasumas fillannoo naa eeyyami akkan argamu (Allow me to be discovered by) jedhuu filadhuu: Homaan iyyuu.

iOS dhaaf, giddugaleessa to'annoo (Control Center) keessa AirDrop barbaadi akkasumas cufi.

## 4. VPN fayyadami.

VPN (Virtual Private Network/Cimdaa dhuunfaa hin mul'anne) meeshaa kee irratti fe'u hubannoo kessa galchii. VPN'n Wi-Fi ummataaf banaa ta'e fayyadamuu irratti filannoo nageenyi isaa baay'ee eegamedha. Daataan kee yeroo meeshaa kee seenuu fi ba'u akka karaa iccitiin ta'u godha akkasumas akka "bo'ii" eegumsaatti hojjeta akka daataankee cimdaa keessa yeroo darbu akka hin mul'anne gochuun.

## 5. Akeekkachiisa FBI waa'ee HTTPS marsariitii iccitiin eegame.

FBI waa'ee marsariitii teessoon isaanii "https" 'n jalqabu akeekkachiiseera. Argamni "https" akkasumas mallattoon guduunfituu sochii marsariitiilee iccitiidhaan akka ta'u agarsiisuufi akkasumas fayyadamtoonni daataa isaanii karaa nageenya qabuun akka qooduu danda'aniif. Haata'u malee, yakkamtoonni saaybeerii (cyber) yeroo amma si'anaa amantaa uummataatiin gowwomsanii daldalaa jiru, namoonni marsariitiilee hannaaf qophaa'an kan https waliin qala qabatee fi waan nageenya qabu fakkaatu garuu kan nageenya hin qabne dha.

Gorsawwan FBI:

- Maqaa iimeelii irra jiru salpaadhumatti hin amanin: waa'ee kaayyoo qabiyyee iimeelii sanaa qoradhu.
- Yoo iimeelii nama shakkisiisu kan hidha waliin dhufu nama hin beekne irraa yoo sii ergame, ergaan sun seera qabeessa ta'uu bibiluun yookiin iimeelii erguu dhaan nama sii erge sana gaafadhu. Iimeelii nama shakkisiisutti kallattiidhaan deebii hin kennin.
- Dogoggora qubee fi doomeenii dogoggoraa quunnamsiistuu keessa jiru adda baasi (Fkn. bakka teessoon ".gov" 'n dhumuu qabu yoo ".com" 'n dhume ).
- Marsariitiilee waan inni mallattoo guduunfituu yookiin "https" teessoo biroowserii keessatti qabaateef qofa hin amanin.

## 6. Ergawwan iccitaawoo kan hin gorsamne argachuu yaaluu.

Yoodhuma VPN qabaatte illee lakkoofsa baankii nama dhuunfaa, yookiin daataa nama dhuunfaa kan iccitiin isaa eegame kan akka lakkoofsa nageenyummaa hawaasaa cimdaa ummataaf banaa ta'e irratti argachuun hin gorfamu. Ciimdaawwan ummataaf banaa ta'e kan nageenyi isaanii eegame illee balaa fiduu danda'u. Yoodhuma adda-baaftuu (account'ii) sana Wi-Fi ummataaf banaa ta'e irratti argachuudhaaf dirqama sitti ta'e murtii caalu ta'e murteeffadhu. Daddabarsa maallaqaaf, tajaajila hootspootii bibila ismaartii keetii fayyadamuu siif wayya.

## 7. Nageenya kan qabuu fi kan nageenya hin qabne.

Hundeedhumaan cimdaawwan Wi-Fi ummataaf banaa ta'e gosa lamatu jira. Kan nageenya qabuu fi kan nageenya hin qabne.

Yeroo danda'ame cimdaawwan ummataaf banaa ta'e isa nageenyi isaa eegame quunnami. Cimdaa nageenyi isaa hin eegame quunnamuu kan qabdu gocha eegumsa nageenya hin barbaachifne kan jecha darbii fi ragaa ittiin senamu hin barbaanneefi. Cimdaan nageenya qabu yeroo baay'ee fayyadamaan akka qajeelfamaa fi hojiirra oolmaa, akkaawontii galmeessuu, yookiin utuu cimdaa hin quunnamin jecha darbii barreessuutti waliigalu gaafatu.

## 8. Firewall'iin kee akka hojjetaa turu godhi.

Yoo laaptooppii fayyadamta ta'e, firewall kee akka hojjetaa turu godhi yeroo Wi-Fi ummataaf banaa ta'e fayydamtu. Firewall'iin akka ittisaa kan meeshaakee haleellaa eeyyama malee kompiwuutera kee seenuu barbaadu irraa eeguuti. Sababa yaadachiisotaa fi ergaa ofiin banamuu irraan kan ka'e fayyadamtootnii Windows firewall'ii akka hin dalagne godhuu, kanaan boodas wayee isaa nii irraanfatuu. Yoo PC kee irratti irra deebitee banuu barbaadde, achumaan gara Control Panel deemi, “System and Security (Sirnaa fi nageenya) ” akkasumas “Windows Firewall” filadhu System and Security (Sirnaa fi nageenya). Yoo fayyadamaa Mac taate, gara “System Preferences (Filannoo Sirnaa)” deemi, achiin “Security and Privacy (eegumsaa fi dhuunfaa)”, achiin “Firewall” amala sana hojjechiisuuf.

## 9. Sooftweerii faallaa vaayirasii tahe fayyadami.

Gosa faallaa vaayirasii isa dhiyoo tahe laaptooppii kee irratti fe'uu kees mirkaneessi. Sirni faallaa vaayirasii Wi-Fi ummataaf banaa ta'e yeroo fayyadamtu kan eeyyama malee gara sirna kee seenuu barbaadu adda baasuudhaan si eega yeroo cimdaa qoodamaa fayydamtuu. Yoo vaayirasiin hin beekamne meeshaa kee irratti fe'ame yookiin yoo gochi nama shakkisiisu, haleellaan, yookiin yoo kan eeyyama malee seenuu barbaadu jjiraate of eeggannoon si akeekkachiisa.

## 10. Mirkaneeffannaa karaa-lamaa yookiin karaa-baay'ee fayyadami.

Mirkaneeffannaa karaa baay'ee (MFA) fayyadami yeroo ragaa dhuunfaa keetiin marsariitiilee keessa seentu. Kana jechuun koodii mirkaneeffannaa lamaffaa (ergaa bilibila keetti yookiin aappiidhaan yookiin furtuu qaamaan ergamu) kan caalmaatti si eegu qabda jechuudha.

Kanaafuu yoodhuma hattoonni interneetarraa maqaa fayyadamaa fi jecha darbiinsakee argatan illee akkaawontii kee koodii mirkaneeffannaa malee seenuu hin danda'an.

## 11. Meeshaalee dhuunfaakee hordofi.

Laaptooppii, taabileetii, yookiin bilbila ismaartii kee qofaatti bakka ummataaf banaa tahe yookiin konkolaataa keessatti hin dhiisin. Yoodhuma cimdaa Wi-Fi irratti of eeggannoo dursaa gochaa jiraatteyyuu, kun namni biraan qabeenya kee fudhachuu yookiin raga kee hatuu dhowwuu hin danda'u. Naannoo kee hubadhu akkasumas namoota naannoo kee jiran sirriitti yaadaan qabi.

## 12. Qabxiilee of eeggannoo sarara irraa kan biroo.

Qabxiilee muraasi yeroo sarara irra jirtu nageenya kee eegan warra kana, keessumaa yoo Wi-Fi ummataaf banaa ta'e fayyadama kan jirtu ta'e:

- Jecha darbii jabaa ta'e fayyadami.
- Meeshaalee iccitaawaa godhi.
- Iimeeloota ragaa kee hatuuf ergaman hubadhu.
- Miidiyaa hawaasaa irratti waan maxxansitu of eeggannoo godhi. Barreeffamni waa'ee dhuunfaakee baay'een hattoota intarneetaa akka isaan jecha darbii kee tilmaaman gargaaruu dandanda'a.
- Ragaa durii kan ammaa booda si hin fayyadne balleessi.
- Cimdaan yoo akka ati sooftweerii dabalataa kamiyyuu yookiin browseriitti dabalamaa feetu si gaafate quunnamtii hin godhin.
- Suphituun haaraan yookiin sooftweeriin haaroomfamee rakkoo beekaman irraa akka si eeganiif meeshaalee kee irratti akka fe'aman mirkaneessi.